Barbaachisummaa talaallii COVID-19 isa marsaa 2ffaa fudhachuu: Barruu

[Muuziqaa bohaarsaa]

[Kris Ehresmann] Akkam, maqaan koo Kris Ehresmann ani daayireektera dhukkuboota daddarboo Kutaa Fayyaa Minisootaati. Har'a waa'ee barbaachisummaa waa'ee talaallii Covid-19 isa marsaa 2ffaan isinitti dubbachuun fedha.

Talaalliiwan COVID-19 ammaa jiran, kaan isaanii marsaa lama barbaadu. Yoo marsaa lamaffaa kan barbaachisu taheef, namni talaallii isiniif kennu isin beeksisa yoo marsaa lama barbaaddu ta'es, ergaan kun isiniifi.

Talaalliiwan COVID-19 argaman maraa rakkoo hin qaban, sirriittis dalagu, kanaaf talaallii isniif dhihaatu kamuu fudhachuu dandeessu. Talaalliiwwan COVID-19 kanneen marsaa lama qabaniif, marsaa lamaanuu argachuun dhukkuba COVID-19 haala gaariin of irraa ittisuudhaaf baayyee barbachisaadha. Yaadadhaa, marsaa lameenuu oomisha talaallii gosa tokkoo tahuu qabu. Hanga talaallii lameen fudhattan irratti hundaa'uun marsaan lammaffa torbeewwan sadii haga afurii gidduutti kennamu.

Talaallii keessan marsaa jalqabaa yeroo fudhatan, marsaa lammaffaaf beellama qabaachuu qabdu. Sagantaa waqxiilee keessan irratti barreessuun ykn akka yaadachuuf sin gargaarutti bilbila keessan irra kaawwachuun yaada gaariidha.

Namni tokko marsaa lammaffaa yeroo isaattii argachuu kan hin dandeenyee haaloonni jirachuu ni danda'u. Sun rakkoo hin qabu. Marsaa lammaffaaf hanga dandeessan ariitiin akka yaaltanii fi akka beellama qabattaniif isin jajjabeessina. Toora talaalliiwwanii irra deebitanii eegaluu hin qabdan. Gargaarsi marsaa tokkoo i kan oomisha talaallii marsaa lammataatti oduuwwan muraasni abdachiisaan tures, ammayyuu kan barachuu qabnu waan hedduutu jira. FDAn ammayyuu marsaa lamaanuu kan talaallii kanneenii ajeja, akkasumas marsaa lammataa talaalliin COVID-19 kan marsaa lameen fudhachuun dhukkuba irraa of eeggannoo baayyee gaarii ta'e akka qabaatan mirkaneessa.

Talaallii fudhachuu keessaniif galatoomaa. Namni kamuu kan talaallii fudhate COVID balleessuudhaaf adeemsa tokko nu tarkaanfachiisa.

[Muuziqaa bohaarsaa]

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

3/10/21 (Oromo)

Odeeffannoo kana dhangii/roga adda taheen argachuudhaaf, : 651-201-4989 bilbili